www.BibleForChildren.org

Kitaaba Seera Dadaa 3



Namichi niitiin isaa haadha worra jiraata'aa waan teeteef, maqaa isi'ii «Heewwan» jedhee baase; Mootiin Waan Maraa Waaqi Addaamii fi niitii isaatiif gogaa irraa woyaa hujee itti uffise.



Bineensa Mootiin Waan Maraa Waaqi dade mara keessaa bofi irra caalaa malte'e. Inni namitti'iin, «Dhuguma Waaqi, ‹Mukoota oorruu tana keessa jiranu mara irraa hin nyaatina'a› isiniin jedheeraa?» jedhe.



Namittiin bofaan, «Nuuti mukoota addee oorru'uu tana keessa jiranu mara nyaatuu hin dandeenna; ammoo muka addee oorru'uu wodhakkaa jiru qofa, Waaqi, ‹Midhaan isaa hin nyaatina'a, hin tuqinaalle'e! Kana yoo gootane hin duutan› jedheera» jette.



Bofi deebisee, «Hin duutanu. Isin midhaan muka sanii yennaa nyaattane, ilti teessan akka banantu, hantu'uu fi dansaa beekiisaan akka Waaqaa akka teetanu, Waaqi waan beekuuf» jedheen.



Namittiin muki sun nyaatiisaaf dansaa, ilatti ka toluu fi ka nama qaroonsu akka te'e yennaa dhaggite, midhaan isaa fuutee nyaatte; dhirsa isi'ii ka isii woliin jirulle'eef kennite; innille nyaate.

Achiin duuba ilti lamaaniituu banantee, akka qullaa jiranulle beekane; tanaaf baala harru'uu wolitti hodhanee ifi gollatane.

Mootiin Waan
Maraa Waaqi ammoo namicha waamee, «Eessa jirta?» jedheen. Namichille, «Ani addee oorru'uu keessatti qoonqoo teete dhage'ee, qullaa waan jiruuf, sodaadhee dhokadhe» jedheen.

Waaqi, «Qullaa akka jirtu eentu sitti hime? Midhaan muka ani ‹Hin nyaatin› jedhee si ajaje san nyaattee?» jedheen.

Namichille deebisee, «Namittii akka na woliin leetuuf ati naaf kennitettuu midhaan muka sanii naaf kenne; anille nyaadhe» jedhe. Achiin duuba Mootiin Waan Maraa Waaqi, namitti'iin, «Wonni ati goote kun maan inni?» jedhe. Namittiin, «Bofi na sobee jennaan nyaadhe» jette.





Tanaaf Mootiin Waan Maraa Waaqi addee oorruu Edenii keessaa isa baasee, lafa irraa dadame akka qotu godhe.



Waaqi nama baaseen duuba, eennulle gara muka jiru'uu akka hin dhikaanneef, addee oorruu Edenii maddii aduun baatuun ergantoota ifii dada ol-gubba'aa ta koola qadduu fi shallaagaa akka ibiddaa bobe'u ka gara mara garagaggalu keye.

Namichi niitii ifii Heewwan bira geye; isiin ulfoottee ilma deette; «Ani qarqaarsa Waaqaatiin ilma tokko dhaggadheera» jettee maqaa isaa, «Qaayin» baache. Ammalle obboleessa isaa «Abeel» deette. Abeel tissee hoole'ee te'ee, Qaayin ammoo qottuu lafaa te'e.



Gaafa tokko Qaayin midhaan lafaa irraa Mootii Waan Maraatiif kennansa dhikeesse; Abeelille buruusota qara dhalatane keessaa qalee, cooma isaanii ciincaa Mootii Waan Maraatiif dhikeesse; Mootiin Waan Maraa Abeelii fi kennansa isaatitti gammade.

Qaayinii fi kennansa isaatitti ammoo hin gammanne.
Maarre Qaayin aaree bobe'ee, mataa buuse.

Achiin duuba Qaayin obboleessa ifii Abeeliin, «Koy, gara diidaa baanaa» jedhe. Yennaa gara diidaa bayane, Qaayin obboleessa ifii Abeel irratti ka'ee ijjeese.

Yennaa san Mootiin Waan Maraa, «Obboleessi keeti Abeel eessa jira?» jedhee Qaayin gaafate; inni deebisee, «Ani hin beeku, obboleessa kiyya ka eegu anaa?» jedhe. Achiin duuba Qaayin Mootii Waan Maraa duraa bayee, addee oorruu Edeniitiin gara aduun baatu lafa, «Daaqiisa» jedhantu le'e.



Addaam ammalle niitii ifii bira geye; isiille ilma deettee, «Nama Qaayin ijjeese, addee Abeelii Waaqi ilma naa kenne» jettee maqaa isaa,
«Sheeti» jettee baatte.

Sheeti dhalateen duuba, Addaam woggaa dhibba saddeeti le'ee, ilmaanii fi ijoollee durraa dhibii uumate. Addaam wolumatti woggaa dhibba sagalii fi soddoma le'ee, achiin duuba du'e.

Mootiin Waan Maraa hammeenni namaa lafa irratti attam akka bacate, yaadi isaanii yennaa mara marroo hammeennaa akka te'e dhagge.



Tanaaf Mootiin Waan Maraa, «Isaan daduu kiyyatti waan gaddeef, namoota, horii, bineensota, waan lafa irra munyuuquu fi sinbirroota lafa irraa haxowee hin balleessa» jedhe.



Nohi ammoo Mootii Waan Maraa duratti fudhatama dhaggate. Ilmaan Nohi uumate sadiin Sheem, Kaamii fi Yaafet.



Nami isatti dhugeeffatu maraa jiruu bara baraa akka qabaatu malee akka hin banneef, Waaqi biyya lafaa guddoo waan jaalatuuf Ilma ifii tokkochuma san kenne.

Worra Rooma'aa 3:23 Nami martinuu cubbuu hujeera; ulfinni Waaqaalle irraa dhidhateera.

Worra Rooma'aa 6:23 Gatiin cubbu'uu du'a; kennansi Waaqaa ammoo karaa Goottaa keenna Yesuus Kiristoosiitiin jiruu bara baraa ti.

Ibroota 9:27 Nami mara akka du'uu fi achiin duuba mura'aaf akka dhikaatu murtayeera.

Worra Efesoonii 2:8,9 Isin badhaadha Waaqaatiin karaa dhugeeffanna'aatiin fayyitane malee, hujii teessaniinii moti; isiin tun kennaa Waaqaa ti. Akka nami tokkolle ittiin ifi hin jajne, huji'iinii moti.

Worra Rooma'aa 10:9,10 Yesuus Goottaa akka te'e, afaan keetiin yoo dhugaa baate, Waaqi du'a keessaa akka isa kaaselle, gadhaa keessatti yoo dhugeeffatte, ati hin fayyita.

Nami gadhaa keessatti dhugeeffatee balchooma; afaaniin dhugaa bayee fayya.

Wongeela Yohaannisii 3:16,17 Nami isatti dhugeeffatu maraa jiruu bara baraa akka qabaatu malee akka hin banneef, Waaqi biyya lafaa guddoo waan jaalatuuf Ilma ifii tokkochuma san kenne. Biyya lafaa karaa isaatiin akka fayyisuuf malee, akka itti muruuf Waaqi Ilma ifii gara biyya lafaa hin ergine.

1 Wongeela Yohaannisii 5:11-13 Dhugaan inni baye tana: Waaqi jiruu bara baraa nu'uuf kenneera, jiruun tun Ilma isaa keessa jirti. Nami Ilma Waaqaa qabu jiruu qaba; nami Ilma Waaqaa hin qanne jiruu hin qabu. Isin worri maqaa Ilma Waaqaatitti dhugeeffattanu, jiruu bara baraa akka qaddanu akka beettanuuf, ani tana mara isiniif barreessa.

Kitaaba Seera Dadaa 3 – 6

Storyline by: Edward D. Hughes

Illustrated by: Byron Unger, Lazarus and Alastair Paterson

Adapted by: M. Maillot; Tammy S.

Oromo Borana Arsi Guji Bible (gax) The Word for the World International and Bible Society of Ethiopia

https://www.bible.com/en-GB/bible/3176/MAT.1.GAXNT

©2026 Bible for Children, Inc.
www.M1914.org www.bibleforchildren.org